# Qabeenyaa Deebisuu Mootummaaf Kaffaltii Yaalaa fi Tajaajila fi Deeggarsa Yeroo Dheeraa

## Estate Recovery Repaying the State for Medical and Long-Term Services and Supports

Qabeenyaa deebisuu jechuun maali?

- Seerri isteetii (boqonnaawwan RCW 41.05A fi 43.20B) qabeenyaa kee baasii tajaajila wallaansaa tokko tokkoofi tajaajila, akkasumas deeggarsa yeroo dheeraa (LTSS) Qajeelcha Tajaajila Hawaasummaafi Fayyaa (DSHS) fi Abbaa Taayitaa Eegumsa Fayyaa (HCA) akka deebisu barbaadu argattee jira.

Qabeenyaan maali?

- Wantota qabdu hundiifi xirriitiin biroo kamiyyu yeroo du'a keetii qabdu ykn dantaa seeraa qabdu kamiyyuu kan fedhiidhaan ykn fedhii malee darbu. Kunis wantota qabduufi xirriitii kan akka:
  - Manneen, lafa;
  - Herrega baankii;
  - Istookii, boondii;
  - Qabeenya dhuunfaa; fi
  - Qabeenya ragaa hin taane, qabeenya jireenyaa.

Maaltu qaama qabeenya keetii hin taane?

- Wantota qabdu ykn xirriitii biroo yeroo du'a kee hin qabne ykn dantaa seeraa hin qabne. Fakkeenyaaf, wantota qabdu ykn xirriitii biroo warra kee, haadha manaa kee, hiriyaa mana keessaa mootummaan galmaa'e ykn daa'ima kee qofaan qabame.

Qabeenyi akkamiitu deebi'ee qabeenyaa deebisuurraa bilisa ta'a?

- Xirriitii gosaa murtaa'e.
  - WAC 182-527-2746 (6) seera adda ta'e kan warra Indiyaan Ameerikaa fi Dhalattoota Alaskaa ibsan. Seerri kun qabeenyaafi qantota lammiilee Ameerikaa Indiyaafi dhalattoota Alaskaa maaltu akka qabeenya deebisuu keessaa akka hafan tarreessa. Innis https://app.leg.wa.gov/WAC/default.aspx?cite=182-527-2746 irratti maxxanfama.
  - Pirojektiin Haqaa Kaaba-Dhihaa WashingtonLawHelp.org irratti buletiinii seera kana ibsu qaba "Abbootii Qabeenya Dhaloota Ameerikaa fi Dhaloota Alaskaa: Qabeenyaa Deebisuurraa Bilisa Ta'uu": https://www.washingtonlawhelp.org/resource/exemptions-from-estate-recovery-for-property.
  - Yoo waraabbii danbii kanaa argachuuf gargaarsa barbaadde, maaloo hoggansa dhimma DSHS kee qunnami.
  - Yoo qabeenyaa Ameerikaa Indiyaafi Dhalattoota Alaskaa deebisuu ilaalchisee gaaffii dabalataa qabaatte, Waajjira Faayinaansii Deebisuu 800-562-6114 irratti qunnami.
- Kaffaltaawwan beenyaa mootummaa hanga ta'e; fi
- Xirriitii imaammata walta'iinsa kunuunsa yeroo dheeraa ulaagaa guutuu qabuun eegamu.

Yeroo du'aatti qabeenya tokkollee yoo hin qabaanne hoo maaltu ta'a?

- Qabeenyi deebifamu hin jiru.

Baasiiwwan yaalaa fi LTSS akkamiitu qabeenyaa deebisuu keessatti hammatama?

- Baasiiwwan LTSS Federaalaan maallaqaan gargaaramu DSHS ykn HCA erga umuriin kee 55 guutee booda kaffalu.
- Baasiiwwan mootummaan maallaqaan gargaaramu DSHS ykn HCA, kanneen armaan gadiirraa kan hafe umurii kamiyyuu keessatti kaffalu:
  - Tajaajila eegumsa ga'eessotaa,
  - Kaffaltaawwan wabii dabalataa Bulchiinsa Hir'ina Qaamaa Qabaniitiin hayyamame,
  - Tajaajilawwan sagantaa nageenya hawaasaa yakkamaa deebi'ee seenuu,
  - Tajaajilawwan hojii manaa tola-ooltummaa, fi
  - Tajaajilawwan Sagantaa Gargaarsa Guddistuufi Konsarvaatorshiippii.

Baasiiwwan wallaansaafi LTSS akkamiitu qabeenyaa deebisuu keessatti hin hammatamne?

- Baasiiwwan HCA Sagantaa Qusannaa Medicare federaalaa jalatti kaffalu.
- Yoo atillee LTSS hin arganne, baasiiwwan wallaansaa HCA ni kaffala.
- Tajaajila Deeggarsa Ga’eessota Maanguddootaaf (TSOA) adda ta’e.

Qabeenyaa deebisuun yoom harkifata?

- Yoo michuun gaa’elaa kee oole/te,
- Yoo daa'ima umuriin isaa waggaa 21 gadi ta’e lubbuun jiru qabaatte,
- Yoo daa'ima lubbuun hafe kan yeroo du'a kee jaamaa ykn qaama miidhame qabaatte, ykn
- Yeroo rakkina hin malle keessatti, dhaaltuun tokko harkifannaa rakkina hin malle yoo gaafateefi DSHSn ammoo gaaffii sana yoo raggaasise.

DSHS rakkina hin malle yoom raggaasisuu danda’a?

- Deebisuun dhaaltuu tokko bakka jireenyaa dhabsiisa waan ta’eef bakka jireenyaa biraa argachuu hin danda’an,
- Qabeenyaan xirriitii dhaaltuu tokkoo galii argamsiisu qofaadha, yookiin
- Hiriyaa mana keessaa mootummaan galmeesseen kan haftedha.

Yoo dhaabbata wallaansaa keessa yoo jiraatteefi gara manaatti deebi’uun si irraa hin eegamu ta’e hoo maaltu ta’a?

- “Estate Recovery” ta’uu baatus, DSHS sababa Seera Walqixxummaa Gibiraafi Itti-gaafatamummaa Maallaqaa (TEFRA) bara 2005 baheen mana keessan irratti qabiyyee du’a duraa kaa’uu danda’a.
- Seerri kun DSHS du’a dura mana keessan irratti qabiyyee akka galmeessu hayyama.
- Namoota baasii kunuunsa isaanii kaffaluu qaban qofatu mana isaanii irratti qabiyyeen du’a duraa kaa’amuu danda’a.
- Yoo DSHS mana keessan irratti qabiyyee qabaateefi ati gurgurte, DSHS baasii wallaansaafi LTSS galii argate irraa ni deebifata.
- DSHS yoo haati manaakee, hiriyaan manaa kee kan mootummaa keessatti galmaa’e, daa’imni umuriin isaa waggaa 21 gadi ta’e, ykn obboleessi kee achi jiraate mana kee irratti qabiyyee hin galmeessu.
- DSHS yoo gara manaatti deebitan qabiyyee sana ni gadhiisa.

Odeeffannoo dabalataa yoo barbaadde hoo maaltu ta’a?

- Sarara Barnoota Seeraa Qindoominaa, Gorsaafi Rifaralaa (CLEAR) bilbila bilisaa 1-888-201-1014.
- Abbaa seeraa karoora qabeenyaafi seera gargaarsa wallaansaa lamaan isaanii hubatu mariisisaa.
- “Qabeenyaa Deebisuuf Tajaajilawwan Wallaansaa Mootummaan Kaffaleef” [www.washingtonlawhelp.org](http://www.washingtonlawhelp.org) irratti dubbisaa.
- Boqonnaa RCW 41.05A fi 43.20B fi boqonnaa 182-527 dubbisi WAC: [https://app.leg.wa.gov/WAC/default.aspx?cite=182-527](https://app.leg.wa.gov/WAC/default.aspx?cite=182-527).
- Gaaffiiwwan qabeenyaa deebisuutiif Waajjira Faayinaansii Deebisuu 800-562-6114 irratti qunnamaa.